## Baafata Fuula


*Faaruu Yeroo Hunda* ..... 6

1. *Yaa Abbaa Keenya* ..... 6
2. *Eenyumtu hin Jiruu* ..... 6
3. *Yakka Keenya Isa Darbee* ..... 6
4. *Hunduu Kan Darbuu* ..... 6
5. *Galanni Sillaseef* ..... 6
6. *Mootummaa Bara Baraa* ..... 6
7. *Hundumaa Dandeessa* ..... 7
8. *Haa Galateeffannu Amaanu'eeliin* ..... 7
9. *Qulqulluu Waaqayyo* ..... 7
10. *Waan Nagargaareef* ..... 7
11. *Galanni Waaqayyoof* ..... 7
12. *Haa Galateeffannu* ..... 7
13. *Qalbii Haajijjirannu* ..... 7
14. *Haa Galateeffannu* ..... 7
15. *Maqaa Isaa Faarfadhaa* ..... 8
16. *Hammeenya Fageessi* ..... 8
17. *Galata Waaqayyoo* ..... 8
18. *Waaqni Haagalatoomu* ..... 8
19. *Jechakee Dhaga'uf* ..... 8
20. *Kan Akka Koo* ..... 8
21. *Eyyee Qaraaniyootti* ..... 8
22. *22. Dhugumaa Dhugaa dha* ..... 9
23. *Jajjabaadha* ..... 9

24. *Waaqayyoo Nudhaga'i* ..... 9
25. *Iyyerusaalem Galuuf* ..... 9
26. *Naakenni Waaqayyoo* ..... 9
27. *Yaa Waaqayyoo Siyaagalatu* ..... 9
28. *Galata Waaqayyo* ..... 9
29. *Galata Kee* ..... 9
30. *Waaqayoo Qulqullu* ..... 9
31. *Gochi Gooftaa* ..... 10
32. *Mana Waaqayyoo* ..... 10
33. *Yeroo Isin Dhuftani* ..... 10
34. *Du'a keessaa* ..... 11
35. *Ishoo* ..... 11
36. *Urjiidhaan dhufan* ..... 11
37. *Samii irraa nibu'ee* ..... 11
38. *Dalla keessa ciisee* ..... 11
39. *Kunoo dhalatera* ..... 11

**Faaruu Yeroo Cuphaa Goofta Iyyeesus Kiristoos ..... 12**

40. *Afuuran Niguddataa* ..... 12
41. *Qorichi Keenya* ..... 12
42. *Deeme Iyesus* ..... 12
43. *Dhuufa jechi* ..... 12
44. *Dhuguma dhugaadha* ..... 12
45. *Harka Yohaannisiin cuuphame* ..... 12
46. *Gooftaan cuuphamee* ..... 12

**Faaruu Waa'ee Fannoo Irraa Oluu Gooftaa Iyyeesus Kiristoos ..... 12**

47. *Kan Hin Duune Du'ee* ..... 12

**Faaruu Waa'ee Fannoo Goofta Iyassus Kiristoos.....13**

*48. Fannoo keetiin..... 13*

*49. Lola Fannosaatin..... 13*

*50. Jaalalaan Hunda Goote..... 13*

**Faaruu Yeroo Du'aa Ka'uu Goofta Iyassus Kiristoos.....13**

*51. Abidda hamaarraa..... 13*

*52. Du'aa Ka'uu kee..... 13*

*Du'aa Ka'uukee kan amanuu nuufi/2/..... 13*

*53. Dhuguma dhugaadha ..... 13*

*54. Ardiin qulqullofte..... 13*

*55. Du'aarraa ka'eeraa..... 14*

**Faaruu Yeroo Hafurri Qulqulluu Itti Bu'ee .....14**

*56. Isin Garuu Turaa ..... 14*

*57. Hafuurri Qulqulluun Bu'e ..... 14*

**Faaruu Yeroo Hunda Dubroo Maariyaami.....14**

*58. Eenyuttan Himadhaa..... 14*

*59. Maariyaamiin Gadda Lubbuu..... 14*

*60. Raawwatame Hannaa..... 14*

*61. Maarami giifti koo..... 14*

*62. Abbaan Keenya Yaa'iqoob ..... 15*

*63. Museen Kan Arge ..... 15*

*64. Qulqulloota Irra Qulqullu ..... 15*

*65. Nuuf Kadhadhu ..... 15*

*66. Yaa Garaa Laafeetii..... 16*

*67. Maariyaam Dubroo ..... 16*

68. *Nuufkadhadhu Giiftii* ..... 16
69. *Yaa Giiftii Koo Abdijireenya Koo* ..... 16
70. *Nagadhaan Nukottuu* ..... 16
71. *Yaa Giftiikoo* ..... 17
72. *Akka Mikaa'elaa ergamaa* ..... 17
73. *Sigalateffanna* ..... 17
74. *Dubartoota Keessa* ..... 17
75. *Maaluma* ..... 17
76. *Gammadaa Namoota* ..... 17
77. *Uumama Hunduma Irraa* ..... 17
78. *Mucaa Kee Baachudhaan* ..... 18
79. *Beela Kee fi Dheebuu Kee* ..... 18

**Faruu Waa'ee Ergamtota Waaqqayyoo ..... 18**

80. *Akka Nu Eebbistuuf* ..... 18
81. *Yaa Gabreelii nuu araarsi* ..... 18
82. *Dandeetii Waan Dhabdeef* ..... 18
83. *Akka Anaaniya (Nujajjabeesi)* ..... 19
84. *Ergamaa Gabri'eel* ..... 19

**Faaruu Waa'ee Qulqulloota ..... 19**

85. *Abbootiin Qulqullu* ..... 19
86. *Gooftaa Kadhate* ..... 19
87. *Qulqulloonni Hinduune* ..... 19
88. *Kadhatan Baasiliyoosi fi Gorgooriyos* ..... 19
89. *Takla Hayimaanoot* ..... 20
90. *Qulqulluu Maarqoos* ..... 20

**Faruu Kadhannaa ..... 20**

*91. Akka Seera Keessaa hin Baane ..... 20*

*92. Nandhibiin lubbuu koo ..... 20*

*93. Ishoo Ishoo ..... 20*

*94. Dandetii Isaatiini ..... 21*

*95. Yaa Mana Waaqayyoo ..... 21*

*96. Lubbuu Siif Abbomamu ..... 22*

*97. Jaalalli Waaqayyo ..... 22*

*98. Yaa namaa deebi'i ..... 22*

*99. Yaa Waaqayyoo ..... 23*

*100. Anaaf Waaqayyookoo ..... 23*

*101. Waaqayyoo Gooftaakoo ..... 23*

*102. Yaa Namaa ..... 24*

**Faaruu Yeroo Soomaa ..... 24**

*103. Goftaan Qorameera ..... 24*

*104. Muuseen Some/zema/ ..... 24*

*105. Kan some ..... 24*

*106. Gooftaan keenya nuuf some ..... 24*

**Faaruu Waa'ee Mana Kiristaana ..... 25**

*107. Manni Kiristaanaa Tokkuma ..... 25*

*108. Galannii ..... 25*

# Faaruu Yeroo Hunda

## 1. Yaa Abbaa Keenya

Yaa Abbaa keenya samiirra kan jiraattu maqaan kee haa qulqullaa'u mootummaan kee haa dhufu jaalallii kee samiirra akkuma ta'e akkasumas lafarratti haa ta'u buddeena keenya har'aaf kan nu ga'u nuuf kenni yakka keenyas nuuf dhiisi nuti kan yakkaniif akkuma dhisnuuf, qorumsattis nu hin galchiin hamarraa nu oolchi malee, mootummaan kan keeti hoo humnis galannis bara baraan amen. Yaa Giiftii keenya dubroo Maariyaam, nagaa ergamaa Gabri'eel qulqullutin nagaa siin jenna, yaada keettin dubroodha foon keettinis dubroodha yaa haadha Waaqayyoo siif galanii haa ta'u. Ati dubartoota keessaa kan eebbifamte dha, firiin garaa keettiis kan eebbifameedha. Keennan kan gutamte gammadi, Waaqayyoo sii wajjin jiraahoo gooftaa keenya Iyyeesuus Kiristosirraa dhiifama nuuf kadhadhu, cubbuu keenya akka nuu dhiisuuf ameen.

አቡነ ዘበሰማያት ይትቀደስ ስምከ ትምጻ መንግሥትከ
ወይኩን ፈቃድከ በከመ በሰማይ ከማሁ በምድር
ሲሳየነ ዘለዕለትነ ኅበነ ዮም ኅድግ ለነ አበሳነ ወጌጋየነ
ከመ ንሕነኒ ለዘአበሰ ለነ ኢታበአነ እግዚኦ ዉስተ መንሱት
አላ አድኅነነ ወባልሃነ እምኩሉ እኩይ እስመ ዚአከ
ይእቲ መንግሥት ኃይል ወስብሐት ለዓለመ ዓለም አሜን

## 2. Eenyumtu hin Jiruu

Eenyumtu hin jiruu kan akka kee /2/
Hundumtuu ni ilaala gara kee /4/

ወመኑ መሐሪ ዘከማከ /2/

ወኩሉ ይሴፎ ኪያከ /4/

## 3. Yakka Keenya Isa Darbee

Yakka keenya isa darbee nutti hin lakkahinii /2/
Yaa Gooftaa dhiifamni kan kee amma nuuf haata'u /2/
Yaa Gooftaa dhiifamni kan kee dafee amma nuhaaqabqabu

የቀደመ በደላችንን/2/ አታስብብን/2/
አቤቱ ይቅርታህ ፈጥኖ ይደረግልን
አቤቱ ይቅርታህ ፈጥኖ ይሁን ይደረግልን /2/

## 4. Hunduu Kan Darbuu

Hunduu kan darbuu kan darbuu jireenyis qabeenyis kan darbuu /2/
Yaa Gooftaa nu eegi /2/ akka nu argineef duuni lubbuu /2/

ኩሉ ከንቱ ከንቱ ንብረቱ እስመ ኩሉ ኃላፊ ውእቱ/2/

መድኃኒዓለም/2/ አድኅነነ/2/ እሞተ ከንቱ/2

## 5. Galanni Sillaseef

Galanni Sillaseef kan addunyaa hundaa uumeef /2/
Ni galateefama ergamtootaan bara baraaf/4/

ስብሐት ለሥላሴ ለፈጣሬ ኩሉ ዓለም /2/

በመላእክቲሁ ስቡህ ዘለዓለም በመላእክቲሁ እኩት ዘለዓለም/4/

## 6. Mootummaa Bara Baraa

Mootummaan isaa kan bara baraatii /2/
Bulchiinsii isaas kan yeroo hundaati /4/

መንግሥቱ ዘለዓለም /2/

ወምኩናኑኒ ለትዉልደ ትውልድ /2/

### 7. Hundumaa Dandeessa

Hundumaa dandeessa homtuu hinjiruu kan ati dadhabduu
Waaqa hiyeessotaa gargaaraa rakkataa
Suma kadhanna /2/ yeroo hundumaa

Hirkoo hiyyessotaa abdi kan namootaa
Kan dandessuu hunduumaa kan kufee ni kaastaa
Cubbuun osoo hin badin nu gargaari Gooftaa

Addam yeroo yakke jannataa ari'ame
Boyee sikadhatee ijoollummaa dhabee
Nifayyita jettee fannoo dhaan fayyiiste
Waaqa qulqullootaa nun hin irraaffatini
(Waaqa qulqullootaa maaloo nun hin dhisiini)

Saba Israa'eelii Far'oon yemmuu bulchetti
Rakkoo fi dhiphina yeroo itti cimsetti
Boyicha Raaheeliin Musee ergiteef ati

Nutis ijoolleen kee garakeetti iyyinaa
Akka nu baastuuf rakkoo fi dhiphiina
Gargaaran rakkataa Gooftaan sumaan waammanna

### 8. Haa Galateeffannu Amaanu'eeliin

Haa galateeffannu Amaanu'eliin Goofta isaa nuuf du'ee /2/
Du'a isaatinis du'a irraa nu ofkoolchee jiraa /4/

### 9. Qulqulluu Waaqayyo

Qulqullu Waaqayyo (2) galani siif haata'u /2/
Guyyaa har'aafi yeroo kanaaf nageenyaani fayyumaan waan nugeseef /2/

### 10. Waan Nagargaareef

Gidiraaf dhiphina yeroo rakkina koo (2)
Waan na gargaareefi Waaqni haagalatomu Gooftaan koo
Waan na faayisseefi Waaqni haagalatomu Gooftaan koo

### 11. Galanni Waaqayyoof

Galanni haata'u Waaqa keenyaaf fayyiisaa kenyaaf /2/
Lubbu keenyaan waan nu fayyiseef /4/
ስብሐት ለአምላክነ ወመድኃኒነ /2/
ወአድኃንከ ጎሊናነ /4/

### 12. Haa Galateeffannu

Haa galateeffanu /2/Waaqayyoni /2/
Galateffamaadha kan galateeffamu /4/
ንሴብሆ/2/ ለእግዚአብሔር /2/
ስቡሐ ዘተሰብሐ /4/

### 13. Qalbii Haajijjirannu

Qalbii haajijjirrannu cubbuu irraa haa fagaannu /2/
Namoota Waaqayyo jirudhaan haataanu /2/

### 14. Haa Galateeffannu

Haa galateeffannu /4/

Waaqayyoo keenya gochaan isaa baay'ee dha /2/

Yakkaan bitamuu irraa du'a irraa nu oolchee
Mootummaa isaa kennee si'oolii nu baasee
Mana bara baraa jireenya nuuf kennee
Abbaa guddaa qabna yoommu kan nu hin dhisne

Namni yoo natuffate rakkoo koo ilaalee
Firri na baqatus abdii hinqabu jedhee
Gargaraan dhugumaa Waaqni yoom nadhiisee
Harka koo naqabee Gooftaan ol nakaase

Du'a keenya du'ee jireenya nukenneef
Maal isaaf kenniina Iyeessus Kiristosiif
Gocha isaa guddaadhaaf kan Waaqni nuu oolef
Ililleef gammachuun tokkummaan faarfannaaf

### 15. Maqaa Isaa Faarfadhaa

Maqaa isaa faarfadhaa /2/ galata dhiyeessaa Gooftummaa isaatiif /2/
Waaqayyo keenyaan /2/ gochi kee guddaadha jedhaa /2/
ወዘምሩ ለስሙ/2/ ሀቡ አኰቴተ ለስብሐቲሁ/2/
በልዎ ለእግዚአብሔር ግሩም ግብርከ/2/

### 16. Hammeenya Fageessi

Haammenya fageessi /2/ nu irraa
Dhiifama nuufgodhi /3/ qulqullu abbaa keenya
Iyyesuus kiristoos /2/ mootii mootota
Yeroo rakkoo keenyaa yeroo dhiphinafi yeroo qoruumsatii
Kadhaa keenya dhagayi

### 17. Galata Waaqayyoo

Galata Waaqayyoo /4/
Kan yoonaan nuga'ee/2/ Galata Waaqayyoo

### 18. Waaqni Haagalatoomu

Waaqni Haagalatomuu guyyaa har'aa ebbisee nukennee/2/ Eyyee
Bakka jirrurraa nuwaamee/2/ kan yoonaan nuga'ee/2/ Eyyee

### 19. Jechakee Dhaga'uf

Jechakee dhaga'uuf Gooftaa laphee koo naa baanii/2/
Laphee Liidiyaa/3/ akkuma banteefi /2/

### 20. Kan Akka Koo

Kan akka koo hin jiru/2/ Kan akka koo cubbuu kan hojjate hin jiru/2/
Hin jiru kan akka kee /3/ yaa Waaqayyoo obsaani/2/
Aduunya hunda kan uume fayisaa aduunyaa kiristoosii /2/
Dhiiga cinaacha keetiin/3/ cubbu keenya hunda nuuhaqi/2/
አልቦ ዘከማየ/2/ አበሳ ኃጢአት ገባሬ/2/
አልቦ ዘከማከ/3/ እግዚአብሔር መሐሪ/2/ ኧኸ
መድኃኔዓለም ክርስቶስ ዓለማተ ኩሉ ፈጣሪ /2/
በደመ ገቦከ/3/ ኃጢያትዬ አስተስሪ /2/ ኧኸ

### 21. Eyyee Qaraaniyootti

Eyyee Qaraaniyootti eyyee dhiiga dhangala'een/2/
Eyyee ulfina maqaa keen yaa Gooftaa ati nuuf dhiisi/2/
ኧኸ በቀራኒዮ ኧኸ በፈሰሰው ደምህ /2/

ኧኸ በክቡር ስምህ አምላክ ሆይ ማረን እባክህ/2/

### 22. Dhugumaa Dhugaa dha

Dhuguma dhugaadha /4/

Galateefameeraa gaara-taaboritti/4/

አማን በአማን /4/

ተሰብሐ በደብረታቦር/4/

### 23. Jajjabaadha

Jajjabaadha /2/ amanti keessanitti jabaadha /2/

Sobaan dhugaa bahuun hin danda'amu /4/ eyyee

Ni amanna niabdanna ergamoota waaqaattis imanna /2/

Yeroo rakkiinaafi yeroo gidiiraa yeroo dhiphiinaafis abdii nuuta'u /2/ eyyee

Yaa Maaraamii yaahaadhaakoo dhaabbadhu mirgakoo /2/

Ilmakee naaf kadhuu waa'ee cubuukoo /4/eyyee

### 24. Waaqayyoo Nudhaga'i

Waaqayyoo nudhaga'i baay'isnee sikadhanna/2/

Tolummaakeen nuyaadadhuu qulqulloofnee lammii kan kee taanaa/2/

### 25. Iyyerusaalem Galuuf

Jaalalli Waaqayyoo guyyaa jimaataa fannoorratti mul'ateera /2/

Iyyerusaalem nugalchuudhaaf biyya haaraa/4/

Iyyerusaalem galuuf jajjabaadha yeroo hundaa yaanamoota/2/

Dhiyaateera dhufaatiin Gooftaa dha/4/

Eenyu kan qophaa'e iyyerusaalem ishee haaraa galuudhaafi/2/

Qulqulloota wajjiin mirga isaa dhaabbachuufi/2/

### 26. Naakenni Waaqayyoo

Naakenni Waaqayyoo sammuuf qalbii yeroo hundaa kan siyaadu /2/

Lubbuukoos naataasisi seerakee qofaan kan gammadduu /2/

### 27. Yaa Waaqayyoo Siyaagalatu

Yaa Waaqayyoo siyaagalatu yaa Waaqayyoo maqaan kee haa'ulfaatu /2/

Lafa jalas taanan sami irras kan balali'u yoo barbaadne hin jiru kan amma Waaqa keenya ga'u inni hundumarra caala galanni isa haaga'u /2/

### 28. Galata Waaqayyo

Galata Waaqayyoo yeroo hundumaatti/2/

Akka Daawiit anoo garbicha isaati /4/Eyyee

Gooftaan koo Amaanu'eel baay'ee najaalate/2/

Seexana harkaa dhiiga isaan na bitate/4/Eyyee

Seexanni haa leeyaatu mormituun dinnikoo/2/

Humna Gooftaan mo'achuun yoomis kan koo/4/Eyyee

### 29. Galata Kee

Galatakee yaa Waaqayyoo koo /2/

Sin kadhadha sin kabaja bara jireenya koo waan naa dhiifteef balleessaa koo hunduma cuubbuu koo/2/

### 30. Waaqayoo Qulqullu

Waaqayyoo qulqulluu /3/ uumaa uumamtootaa

Sigalateeffannaa yaa mootii moototaa /2/

Gooftaa gooftotaa fi abboomaa hundumaa

Uumamtoota keetin kan taate beekamaa

Fayyisaan keenyaaf eegaan keenya suma

Jaalalli nuuf qabdu hammana hin jedhamu
Kan namoota wajjiin wal hin madaallamu
Kan kee ol aanadha eessattuu hin argamu
Yoo dadhabnee kufnees harka keen nu kaasta
Hidhaa cubbuu keessaa humna keen nu baafta
Gara jireenyaatiis jaalalaan nu waamtaa
Ijoollee kee taane akka hin garboofnee
Addunya kanaafis akka hin bitamne
Yaa gooftaa nu eegi human kee abdane

## 31. Gochi Gooftaa

Gochi Gooftaa keenyaa nu baay'ata jira
Tolumma isaa hundaaf galata galchina

Yeroo rakkoo keenya dhiphinaa nu baasa
Yakkaan yoo kufnelle jaalalan nu kaasa
Cubbuu keenya baay'ee gonkummaa ballessee
Mo'annaa nuuf kennee bilisa nu baasee

Jibba keenya dhiisee inni nu jaalate
Balleessuma keenyaaf beela'ee dheebote
Hammeenya namoota hunduma isaa obse
Icciti jaalala isaa fannoodhaan mul'ise

Ka'aa yaa namootaa gara isaattii deebina
Cubbuu irraa fagaanne seera isaa rawwanna
Uffata salphina ofii irra mulqinee
Haa taanu qulqulloota qalbii jijjiirranne

## 32. Mana Waaqayyoo

Namoota haa deemnuu mana Waaqa keenya
Bakka itti argannu nagaa lubbuu keenya
Cubbuu irra fagannee qophofnee haa jiraannu
Jecha isaa dhageenye qalbii haa jijjirannu

Nuti kan amannee bakka itti faarfannu
Rakkina keenyas iddoo itti himannu
Galata Waaqayyoo kan itti galfannu
Mana Waaqayyooti kan jiraatu yoomiyyu

Fuldura kakuu isaa sodaadhaan dhabbanna
Akka saba israa'el ilill ilill jenna
Mana isaa keessatti inni nu haa mil'atu
Jennee haa kadhannu Gooftaan nu haa filatu

Kufanii ka'uunis haammam yoo baay'ate
Mana isaa jiraachuuf Gooftaan nu filate
Qormaatas dandeenye jabaanne haa dhaabbannu
Mootumma Waaqayyoo abdii haa godhannu

## 33. Yeroo Isin Dhuftani

Yeroo isin dhuftani /2/ mana waaqa keenya /2/
Gammada namoota isin simatti Maariyaam haati keenya /4/ eyyee
Eegaa yaa namoota lubbu keessan /2/ waaqayyoodhaaf kennaa/2/
Maariyaam haati keenya nugorsiti kaane dhaggeeffanna/4/ eyyee
Hammeenya dhiisaati koottaamee/2/ yaa namaa/2/
Waaqayyoon haakadhanu galgalas /2/ ganama/4/ eyyee

### 34. Du'a keessaa

Du'a keessaa nu baaftee jaalala keetiin nu waamtee /2/

Galanni siif haa ta'u /2/ yaa Waaqayyoo /4/ eyyee

## Faaruu Yeroo Dhaloota Goofta Iyassus Kiristoos

### 35. Ishoo

Ishoo Gooftaan nuudhalate qorichi keenya/2/

Ifni addunya dhalateera ifni addunya hunda/2/

Raajoni raajani waa'ee dhaloota isaa

Dinqisifachudhaan foon namaa uffachu isa

Qulqullooni gooftaa abdiidhaan jiraatan

Kan Addaamif gale waadaa yaadachuudhaan

Addaamin deebisuuf gara jireenyaatii

Akka bade hin hafne biyya lafaa irratti

Angoo irraa gad-bu'ee jaalalaaf bitame

Dallaa keessa ciise huccudhaan marame

Yakka keenya ilaale waaqni nu hin dhiisne

Tokkicha ilma isaa dabarsee nuu kenne

Jaalalli isaa guddaan hammana hin jedhamu

Jecha ilmaan namaan himamee hin dhumu

### 36. Urjiidhaan dhufan

Warri haayyoota dhufan/2/Urjii hordofani /2/

Amaanu'eeliifi /4/ sagaduuf Amaanu'eeliifi /2/ eyyee/3/

በኮኩብ መጽኡ /2/ ሰብአ ሰገል /2/

ለአማኑኤል /4/ ይስግዱ ለአማኑኤል /2/ ኧኸ/3/

### 37. Samii irraa nibu'ee

Samii irraa nibu'ee dhalate dubroo Maraamii irraa /2/

Foon dubroo Maraami /2/uffatee addunyaa fayyisuuf /2/ eyyee/3/

እምሰማያት ወረደ ወእማርያም ተወልደ /2/ /2/

ከመ ይኩን ቤዛ /2/ ለኩሉ ዓለም ወለብሰ ሥጋ ማርያም/2/ ኧኸ/3/

### 38. Dalla keessa ciisee

Dalla keessa ciisee huccuudhaan marame /2/

Fayyiisaan addunyaa /2/har'a ni dhalate /2/

በጎል ሰከበ በአጽርት ተጠብለለ /2/

ቤዛ ኩሉ ዓለም /2/ ዮም ተወልደ /2/

### 39. Kunoo dhalatera

Kunoo dhalatera fayyisaan addunyaa/3/

Ishoo dhalatera fayyisaan addunyaa/3/

Raajjooni hundinu Raajii dubbatanii/3/

Tokkichi Ilma Waaqa nii bu'a jeedhani/3/

Haayyoonni dhufanii hundinuu sagaduuf/3/

Mootiin Israa'elii dhalate jechuudhaan/3/

Haayyooni dhufanii kennaa qabatanii/3/

Warqee ixxaana fi karbee dhiyeessani sagadan/3/

Ijoollee haa deemnu gara Beetalihemii

Bishaan ta'eera dammaa fi aannanii

## Faaruu Yeroo Cuphaa Goofta Iyyeesus Kiristoos

### 40. Afuuran Niguddataa

Afuuraan niguddatee humnarraa gara humnatti /2/

Luubadha luubaa fi raajicha /2/ Yoohannis cuuphaani /2/

በመንፈስ የሐውር እም ኃይል ዉስተ ኃይል /2/

ካህን/2/ ወነቢይ ካህን ወነቢይ ዮሐንስ መጥምቅ/2/

### 41. Qorichi Keenya

Qorichi keenya nuu cuuphameeraa /2/

Kana booda nagaa yaa hordofnuu /4/

መድኃኒነ ተጠምቀ ነዋ /2/

ይእዜኒ ለሰላም ንትልዋ/4/

### 42. Deeme Iyesus

Deeme Iyyeesus/4/

Galila irraa /3/ gara Yoordanosi /2/

ሖረ ኢየሱስ /4/

እመ ገሊላ/3/ ኀበ ዮርዳኖስ /2/

### 43. Dhuufa jechi

Dhuufe jechi duumessa irraa akkas kan jedhu /2/

Kan jaalladhuufi kan kabaju Ilmii koo Isadhaa /4/

መጽአ ቃል እምደመና ዘይብል /2/

ዝንቱ ውዕቱ ወልድየ ዘአፈቅር /4/

### 44. Dhuguma dhugaadha

Dhuguma dhugaadha /4/

Ajja'ibumadhaa cuphamuun Gooftadhaa/4/

አማን በአማን /4/

መንክር ስብሐተ ጥምቀቱ /4/

### 45. Harka Yohaannisiin cuuphame

Harka Yohaannisiin cuuphame Iyyeesus Naazrawiin /2/

Gooftan keenya /5/ Iyyeesus Nazrawiin /2/

በዕደ ዮሐንስ ተጠምቀ ኢየሱስ ናዝራዊ /2/

ሰማያዊ /5/ በዕደ ምድራዊ /2/

### 46. Gooftaan cuuphamee

Hallee/3/ luuyaa halle halle luuyaa /4/

Gooftaan cuphameerra harka namaatinii /4/

Hallee/3/ luuyaa halle halle luuyaa /4/

Yaa Goofta uummaniikee fayyan dhalachuukeen
Yaa Goofta uummaniikee fayyan cuphamuu keen } /2/

ሃሌ /3/ ሉያ ሃሌ ሃሌ ሉያ/2/ /4/

ተጠምቀ ሰማያዊ በዕደ መሬታዊ /4/

ሃሌ /3/ ሉያ ሃሌ ሃሌ ሉያ/2/ /4/

አምላክ ሆይ ሕዝቦችህ ዳኑ በልደትህ አምላክ ሆይ ሕዝቦችህ ዳኑ በጥምቀትህ/2

## Faaruu Waa'ee Fannoo Irraa Oluu Gooftaa Iyyeesus Kiristoos

### 47. Kan Hin Duune Du'ee

Maaloo! kan hin duune du'ee /2/

Deeme Qaraaniyoo namaan haarkifame

Kufee osoo ka'uu baay'ee gidiramee

Du'aa nuhaambisuuf kan hin duune du'ee/2/

Harka fi miila hidhame gara fannoo deeme
Dhukkuba isa obsee yeroo akkas reebame
Baayistee niboosse Maariyaam dubrooni
Kiristoos Ilmi ishee fannifamnaan Gooftaan
Ayihudoota birat murtiin dogoggoree
Cubbamaan hiikamee qulqulluun qabame
Jaalala keenyaaf kan hin duune du'ee
Qaraaniyoo oole fannoon fannifame
Yoosef Niqoodimoos foon isaa kadhatani
Akka isaanii kennuuf mootummaan isaani
Foon isaa awwaallani awwaala haaraattii
Qulqulluuu qulqulluu ulfaataa jechuun

## Faaruu Waa'ee Fannoo Goofta Iyassus Kiristoos

### 48. Fannoo keetiin

Fannoo keetiin nugargaarii /2/
Humna kees abdanneerraa /4/

በመስቀልከ ርድአነ /2/

ወበኃይልከ ተማህጸነ /4/

### 49. Lola Fannosaatin

Lola fannoosaatin ajjeese /2/
Fannoo isaatiin namoota fayyuma nu hire /4/

### 50. Jaalalaan Hunda Goote

Jaalalaan Hunda goote nama fayyisuuf fannoorra oolte /2/
Baay'ateera bay'ate jaalalli kee/2/ yaa Waaq galata kee/2/

## Faaruu Yeroo Du'aa Ka'uu Goofta Iyassus Kiristoos

### 51. Abidda hamaarraa

Abidda hamaarraa humna isaatiin nu ofkalcheera /2/
Gooftaan ifa gonfachuudhaan du'a irraa nuuf ka'eera /4/

እምቶነ እሳት ዘይነድድ አንገፈነ /2/
ብርሃናተ ዘይትአጸፍ ተንስአ ለነ /2/

### 52. Du'aa Ka'uu kee

Du'aa Ka'uukee kan amanuu nuufi/2/
Gara keenya nu ergi ifa kee /4/

ትንሳኤከ ለእለ አመነ /2/

ብርሀነከ ፈኑ ዲቤነ /4/

### 53. Dhuguma dhugaadha

Dhuguma dhugaadha /4/

Ka'eera du'a injifatee /4/

አማን በአማን /2/

ተንስአ እምነሙታን /4/

### 54. Ardiin qulqullofte

Lafti qulqullofte baay'ee nigamadee /2/

Dhiiga kiristoosiin dhuguma dhiiqamtee /4/

ወምድርኒ ተገብር ፋሲካ /2/

ተሀጺባ በደመ ክርስቶስ /4/

### 55. Du'aarraa ka'eeraa

Du'aarraa ka'eeraa kiristoos humna jabaa fi angooni /2/

Seexana hidheebilisa baase Addaamini nageenya /3/ kana booda haata'u nageenya /2/

ክርስቶስ ተንስአ እሙታን በአቢይ ኃይል ወስልጣን /2/

አሰሮ ለሰይጣን አጋዞ ለአዳም ሰላም/3/ እምይእዜሰ ይኩን ሰላም /2/

## Faaruu Yeroo Hafurri Qulqulluu Itti Bu'ee

### 56. Isin Garuu Turaa

Isin garuu turaa biyya lyyarusaleem keessa /2/

Hanga argatanitti humna samirra /4/

አንትሙሰ ንበሩ ሀገረ ኢየሩሳሌም /2/

እስከትለብሱ ኃይለ እምአርያም /4/

### 57. Hafuurri Qulqulluun Bu'e

Haafurri Qulqulluun ni bu'e duuka bu'oota irratti /2/

Fakkeessame /5/ labooba ibidaatiin /2/

መንፈስ ቅዱስ ወረደ ላዕለ ሐዋርያት /2/

ተመሲሎ/5/ በነደ እሳት /2/

## Faaruu Yeroo Hunda Dubroo Maariyaami

### 58. Eenyuttan Himadhaa

Eenyuttan himadha gadda lubbuu kootii
Sumatti malee yaa Maariyam haadhakoo /2/
Daddafitii /2/ nadhagahii kadhaa kan koo /4

ለመኑ እነግር ኃዘነ ልብየ እንበሌኪ ማርያም እግዝእትየ /2/

ወፍጡነ/2/ስምዕኒ ጸሎትየ /4/

### 59. Maariyaamiin Gadda Lubbuu

Maariyaamiin gadda lubbuu nama ni salphisitii/2/

Gadda lubbuu keenya /4/ ni salphisti /2/ eyyee

ማርያም ኃዘነ ልቡና ታቀልል /2/

ኃዘነ ልቡና/4/ታቀልል ኧኸ /2/

### 60. Raawwatame Hannaa

Raawwatame Haannaa dhala keetiin /2/

Abdiin qulqulloota abbootii keetii /2/ eyyee

ተፈጸመ ሐና በወለትኪ/2/

ተስፋ ቅዱሳን አበውኪ ተስፋ ቅዱሳን አበው /2/

### 61. Maarami giifti koo

Maarami giifti koo haadha Goftaa keenyaa

Waaqni haagalatoomu kan siikeene Addunya

Dhiifama naa kadhu ilma kee haadha keenya /2/

Haadha keenyaa /2/ naaf keedhu Waaqa keenyaa /2/

Baleessera baayee maal jedheen dhiyaadhaa

Maaram na araarsii sumattan iyyadhaa

Addaam daba hojjeetee gatiin cubuu kiyyaa

Soodaadhee dhiyaachuuf Maaram maal naaf wayyaa

Ba'aa natii ta'ee dadhabee cubbuu koo

Rakkoon koo baay'ate beeke ballessaa koo

Otoon hindhiyaatin ta'uuf waamamuunkoo

Amanu dadhabe keessummaa ta'uu koo

Otoon daba hojjadhu dabruufi lubbun koo

Egaa nati hindhiisiin Maraami giftii koo

Araara naaf kadhu ilma kee haadha koo /2/

## 62. Abbaan Keenya Yaa'iqoob

Dubroo Maariyaami kortoo warqeedha ati

Kortoo warqee kortoo warqeedha ati

Namaa fi Waaqayyoon araarsite

Abbaan keenya Yaa'iqoob kara Loozaa irratti /2/

Hiirribni fudhatee ciise lafa irratti

Kortoo lafaa hanga samitti dhaqabdu

Fakkeenya kee argee yaa dubroo Maariyamii

Ergamoonni yeroo yaabatani fi bu'an /2/

Kan arge Yaa'iqob karaa irraa ciisuun

Abdii goodhachudhaan bara kan nageenya

Kunoo raawwatame sumaan giifti keenya

Sumaa fi Ilma keen nuf ta'ee nageenyi /2/

Abjuun Yaa'iqoob sumaan rawwaatamnaan

Namoonni fi ergamoonni adda adda kan turani

Dhaloota Ilma keetiin tokkummaan faarsani

## 63. Museen Kan Arge

Museen kan arge /2/ Gaara Siinarratti /2/

Biqiltu lalistudha ati /4/

ሙሴ ዘርእየ/2/በደብረ ሲና/2/

ሐመልማላዊት እጽ ሐመልማላዊት/4/

## 64. Qulqulloota Irra Qulqullu

Qulqullootarra qulqulleettii kan taate akka taabota Siinaa

Mana Waaqa keessa kan jiraatte dubrummaadhaan jiraatte /2/

Nyaanni ishee nyaata samiitii dhugaatiin ishees jecha Waaqati /2/

ንጽሕተ ንጹሐን ከዊና ከመታቦት ዘዶር ዘሲና

ውስተ ቤተ መቅደስ ነበረት በድንግልና }2

ሲሳያ ጎበስተ መና ወስቴሃኒ ስቴ ጽሙና/2/

## 65. Nuuf Kadhadhu

Nuuf kadhadhu giiftii Maariyaami nuf kadhadhu /2/

Ilmi kee akka nuf dhiisuuf moottumma isaas akka nudhaalchisuf /2/

ሰአሊ ነለ ማርያም ሰአሊ ነለ /2/

ወልድኪ ይምሐረነ ወመዋርስቲሁ ይረስየነ መድኃኔዓለም/2/

### 66. Yaa Garaa Laafeetii

Yaa garaa laafeetii kan nama hundaa jaalattu /2/
Yeroo hunduma /3/ fakkaati /2/ biiftu kan ganama /2/

ኦ ርኅርኀተ ህሊና አፈቅሮተ ሰብእ ልማዳ /2/

ለእለጌሰሙ/4/ትመስል/3/ እንግዳ /2/

### 67. Maariyaam Dubroo

Maariyaami /2/ dubroo Maariyaami /2/
Garaa laafeettidha /4/ Maariyaamiin /2/

ማርያም ማርያም ድንግል ማርያም /2/

ርኅርኀተ ኀሊና/4/ ማርያም /2/

### 68. Nuufkadhadhu Giiftii

Nuuf kadhadhu Giiftii jennee sikadhanna /2/
Akka Efrem akka abbaa keenyaa nuuf kadhadhu nuufis Giftii keenya /2/
Uumama hundumaaf abdii isaaniidha ati
Hanga barabaraa dhaadannosaniti
Cubbuun isaanii isaaniif haqamee
Kadhanna keen lubbuun isaani fayyee /2/
Fulduraa Waaqayyoottii maqaan kee ulfatadhaa
Addunyaa fayyisuuf waada siif galeera
Kadhanna keen abdii nigodhatu
Yeroo hundaa qulqulleetti jedhu /2/
Addunyaan nuqoorte fedhi foon kenyaani
Dadhabdee lubbuunii cubbuun itti ulfaatu
Dukana'ee bitaa yoo nugalu
Ifti keenya kottuu haati keenya /2/
Gaddi lubbuu keenyaa nutti ulfaateeraa
Cubbuun nuuti baayyate nudadhabsiiseera
Akka Elsabeex akka fira keetii
Nugammachisii nuunis jecha keetiin /2/

### 69. Yaa Giiftii Koo Abdijireenya Koo

Yaa Giiftii koo abdi jireenya koo gargaartuu koo misirroo Jannataa/2/
misirroo Jannataa/3/ yaa Maariyami si'i haatii Gooftaa/2/

### 70. Nagadhaan Nukottuu

Nagaadhaan nuukottu/2/ Maariyaami/2/
Sitti himanna /2/ gadda lubbu keenyaa
Nagadhaan nuukoottuu.....
Mika'eeliif/2/ Gabri'eeli wajjiin
Nagadhaan nukottuu.....
Suraafeeliif/2/ kirubeelii wajjiin
Nagadhaan nukottuu.....
Uraa'eeliif /2/ Ruufa'eeli wajjiin
Nagadhaan nukottuu.....
Qulqulloota /2/ Hunduma wajjiin

Ilmakee wajjiin/2/ Amanu'eelii

Nagadhaan nukottuu.....
በሰላም ንዒ/2/ ማርያም/2/

ትናዝዘኒ/2/ ኃዘነ ልብየ

አዝ....

ምስለ ሚካኤል/2/ ወገብርኤል

አዝ...

ምስለ ሱራፌል/2/ ወኪሩቤል

አዝ...

ምስለ ኡራኤል/2/ወሩፋኤል

አዝ...

ምስለ ኩሎሙ/2/ ቅዱሳን

አዝ....

ምስለ ወልድኪ/2/ አማኑኤል

አዝ....

### 71. Yaa Giftiikoo

Yaa giiftiikoo/2/ miladhu garakoo /2/

Nagaan ilma kee nawaajjin haata'uu /4/

እግዚእትነ/2/ ነጽሪ ኀቤነ /2/

ሰላመ ወልድኪ የሃሎ ምስሌነ /4/

### 72. Akka Mikaa'elaa ergamaa

Akka Mikaa'elaa ergamaa akka Gabri'eeli /2/

Nagadhan nuukoottu /4/ yaa mariyaami nagaadhan nuukoottu /2/ eyyee

ምስለ ሚካኤል ወገብርኤል ንዒ ሠናይትየ ማርያም/2/

ንዒ ድንግል ንዒ/2/ ድንግል ምስለ ሚካኤል/2/ኧኸ

### 73. Sigalateffanna

Sigalateffanna dubroo maariyaami /2/

Abdii waan nuutaatef akka kufne hinhafneef /4/ eyyee

Utuu sanyii siin hanbiisu baate /2/

Ibiddi akka sadoomif gamooraa dhala namaanyaate /4/ eyyee

### 74. Dubartoota Keessa

Dubartoota keessa filamte kennaa Waaqarra kan argatte

Gammadii yeroo hundumaa/2/ yaa Maariyaamii abdiin koo suma/2/

### 75. Maaluma

Maalumaan maaliin fakkessina haadha Goofta keenya/2/

Haadha keenya Giifti keenya qulqulleetti eyyee Maariyaamin maalin fakkeessamti/2/

### 76. Gammadaa Namoota

Yeroo isin dhuftani /2/ mana Waaqa keenyaa /2/

Gammadaa namoota sin simatti Maariyaam haati Keenya /4/eyyee

Eegaa yaa namoota lubbuu keessan /2/ Waaqayyoodhaaf kennaa /2/

Maariyaam haati keenya nugoorsiti kaane dhageeffanna /4/eyyee

Hammeenya dhiisati koottaamee /3/ yaanamaa

Waaqayyoon haa kadhannu galgalas /2/ ganama /4/ eyyee

### 77. Uumama Hunduma Irraa

Uumama hundumarraa qulqullummaa

Jechaan kan hin himamnee olaantumma

Yoomis kan hin dabarre dubrummaa

Kun hundumtu kan sii kenname ati

Ulfina kan qabdu Waaqayyoo biratti
Abdii Aaddaam taate lafa kana irratti
Araarsituun keenya Maariyaam qulqulleetti
Baha biiftudha ati iftuu kan ganamaa
Kan taatee argamtee burqituu jireenyaa
Nageenyaaf jaalalaan kan guutamtee ati
Eenyun fakkessamta yaa garaa laafeti
Kitaaba gaarumma nagaa lubbuu keenya
Haadha haadha caaltu Maariyaam Giiftii keenya
Abaaboo urgooftu biqiiltu jeennataa
Karaa keen dhiyaanne nuti gara Gooftaa
Qulqulloota caalaa quluqulluu kan taate
Haadha isaa akka taatuuf Gooftaan sii filate
Ifa ifa caaltu karaa kan jireenyaa
Siin hordofne gallaa gara biyya keenyaa

## Faaruu Waa'ee Goodansa Dubroo Maariyaami

### 78. Mucaa Kee Baachudhaan

Yeroo tokko dugdaa keetii yeroo tokko cinaacha keettii /2/
Mucaa kee baachudhaani /2/ baay'ee dadhabdee ati /4/

ምዕረ በዘባንኪ ወምዕረ በገቦኪ /2/

በሀዚለ ሕጻን/2/ እፎ ደከምኪ /4/

### 79. Beela Kee fi Dheebuu Kee

Beelaa keefi dheebuukee yaadachisi Dubroo belaakeef dheebuukee
Rakkinaaf gaddakees yaadachis Dubroo

ረሀበ ወጽማ አዘክሪ ድንግል ረሀበ ወጽምዓ /2/

ምንዳቤ ወኀዘነ አዘክሪ ድንግል /2/

## Faruu Waa'ee Ergamtota Waaqqayyoo

### 80. Akka Nu Eebbistuuf

Akka nu eebbistuuf warqee fannootiin /3/
Deddebi'ii nuuf kadhuu /4/ Mika'eelii lalisa warqee /2/

ከመ ትባርከነ በመስቀልከ ዘወርቅ /2/

ተዋነይ በጽድቅ/4/ገብርኤል ሐመልማለ ወርቅ /2/

### 81. Yaa Gabreelii nuu araarsi

Yaa Gabreelii nuu araarsi Waaqa keenyani
Akka hin badne akka hin dune dura keenyani
Abdii qulqulluu nuu dhaabbadhu duuba keenyani

### 82. Dandeetii Waan Dhabdeef

Dandeetii waan dhabdeef ergamoota ilaaluuf
Koopha kan taatee yoo namatti fakkateef
Kan sii wajjiin jiran baay'eedha isaani
Dadhabbii fi koophumaa looltoonni Sooriyaan
Eeboosaa luqqisee roorrisullee rakkoon
Naa dhumeera jettee lubbu koo hin soodaatiin
Qulqullootni Ergamoonni jiruutii sii wajjiin
Gara Baabiloonitti goodaantee deemtullee
Jireenyii hadhaayee angoon kee kufullee

Tsiiyooninii yaadachaa Boo'an liqimfamtee
Naannookee qubatan sitasgabbessuf ergamooni
Iyyariikoo addunyaan dalla torba ijaarte
Cubbuun yoo qophooftu xiyyaashee cimsitee
Kan moo'atamtee fi siidhuume yoo siitti fakkate
Ergaamoonni Waaqa simarsaanii jiru

### 83. Akka Anaaniya (Nujajjabeesi)

Akka Anaaniya akka Azaariya akka Misaa'eeli nujajjabeessi/2/
Nujajjabeessi /2/ amanti keeynaanii nujajjabeessi/2/

### 84. Ergamaa Gabri'eel

Ergamaa Gabri'eel fuuldura Waaqayyoo/2/ dhaabbata /2/
Ilmaan namootaa fi dhiifamaaf nageenya kadhataa /2/

## Faaruu Waa'ee Qulqulloota

### 85. Abbootiin Qulqullu

Abbootiin qulqulluu amantiin ta'anii
Gargaarsa Waaqayyoon raajii hojjetani
Abrahaam barbaade Waaqa isaa argate
Tokkicha ilma isaa aarsaaf dhiyeeffate
Waaqayyoo aamantii isaa fedhii isaa hubatee
Bakka mucaa isaa hoola isaaf laate
Museen amantiidhaan ulee isaa qabate
Galaana Eertiraa bal'icha addaan kute
Ummata Isra'eeliif raajii guddaa hojate
Ililleef gammachuun Waaqa waaqeffatee
Sabni Israa'eli yeroo waaqa yakke
Eliyaas amantiin bokkaa samii dhorkee
Fuldura diina isaa ciminaan dhaabbate
Waaqa isaatifis aarsa dhiyeeffate
Phexiroos maqaa Waaqaan naafa lafaa kaase
Phawuloos huccusaatiin dhibama fayyise
Namoonni Waaqayyoo amantiin taa'ani
Gooftaa isaanii irraa waan baay'ee argatani

### 86. Gooftaa Kadhate

Kan isa rukkutaniif kadhate Isxiifaanoos Qulqulluni /2/
Gooftaa dhiisiif cubbuu isaanii Jechuudhaani /4/

ሰአለ ሥርየተ ኃጢአት ለእለ ወገርዎ/2/

ወይቤ ሥረይሎሙ ዘንተ ኃጢአቶሙ/4/

### 87. Qulqulloonni Hinduune

Qulqulloonni hinduune gara Waaqayyoo deemanii /2/
Biyya samii irrattii /4/ argachuufi waan fedhani /2/

ጻድቃንሰ ኢሞቱ ሀበ እግዚአሙ ነገዱ /2/

በመንግስተ ሰማይ/4/ይሁቦሙ ዘፈቀዱ /2/

### 88. Kadhatan Baasiliyoosi fi Gorgooriyos

Kadhatan Baasiliyoosi fi Gorgooriyosi fuldura fakkii qulqulluu Marqooriyosii /2/
Gadi jedhe fakkiin /2/ kan Marqooriyosii akka waan awwaatuu gammadani Baasiliyoosii fi Gorgooriyoosii /2/

ጸለዩ ባስልዮስ ወንርንርዮስ ሀበ ስዕሉ ለቅዱስ መርቆርዮስ /2/

ደነነ ሥዕል/2/ዘመርቆርዮስ ከመ አሆ ዘይብል ወተፈስሑ ባስልዮስ ወንገርዮስ /2/

### 89. Takla Hayimaanoot

Takla Hayimaanoot ifa aduunyatti /2/

Kunoo bara baraan ni ifa gochi isaani /2/

### 90. Qulqulluu Maarqoos

Urjii ifaan qulqulluu Maarqoos kan argame Iskindiriiyaarraa

Bataskaanaf abbaa ta'eera /2/

Ta'eera abbaa warra Gibxii fi Itiyoophiyaafis akka qulqulluu Phaawuloos ta'eera /2/

ኮከብ ብሩህ ቅዱስ ማርቆስ ዘሰረጸ እምእስክንድርያ ቤተክርስትያን ዘንሰምያ/2/

ኮኖሙ አበ ለሰብአ ግብጽ ወኢትዮጵያ በከመ ጳውሎስ ሐዋርያ/2/

## Faruu Kadhannaa

### 91. Akka Seera Keessaa hin Baane

Kitaaba qulqulluu hunduu nidubbisaa

Boqonnaa fi lakkoofsa hundu ni caqasa

Kana qofa mitii haa beeknu iccitii isaa /2/

Akka fedhii keenyatti yoo dubbisnee hiikne /2/

Dogoggora baay'een boodatti deebine /2/

Raajiin fedhii namaan goonkumaa hin dhufne /2/

Nugorsa kitaabni akka seera keessaa hin baane /2/

Gaafannee haa barannu haayyoota amantii /2/

Kitaaba haa dubbisnu ragaa akka nuu ta'uu /2/

### 92. Nandhibiin lubbuu koo

Nandhibin lubbuu koo mee narrakisiini/2/

Tokkicha sii uumee waaqayyooti amani /2/

Deebi'i lubbuu koo nugara kee yaadi

Akka fanifamee gooftaa kee barbaadi

Gooftaa nu kennuu isaa fanoora oluun isaa

Seexan haarka baase sitaasiissuuf kansaa

Daandi isaa daandi kee goodhiti qabadhu

Cubbuu dabarsiteef Gooftaati dhiyaadhu

Kan darbunke hin olee kan boru dabartuuf

Of beeki lubbuu koo hinbitamin cubbuuf

Gammachun kee haara'aa booru siboochistii

Mootummaa Waaqayyoo yaadi kan kee taatii

Mana kee ijaarradhuu lubbuu koo gorsami

Ajaja waaqayyoof jaalalan bitami

### 93. Ishoo Ishoo

Ishoo /5/

Waaqnii nawajjin jiraa ishoo /2/

Hiyyeessa fakkaadhus ishoo /2/

Qabeenya yoon dhabes ishoo /2/

Jaalalli Waaqayyoo ishoo /2/
Nadhiisee hin beekuu ishoo /2/
Hiyyuummaan jiraachaa ishoo /2/
Qullaa koo yoon deemes ishoo /2/
Gammadeen jiraadha ishoo /2/
Qalbiin koo boqotee ishoo /2/
Waaqni waan na waameef ishoo /2/
Gammachu guddadhaaf ishoo /2/
Fuulli koo ifaa dha ishoo /2/
Ganamaaf galgalaa ishoo /2/
Sinbirroota illee ishoo /2/
Kan hin dhiisnee Gooftaan ishoo /2/
Haagalateffamu ishoo /2/
Ganamaaf galgala ishoo /2/
Eebba hojii kootiif ishoo /2/
Yeroo hundaa hin dhabu ishoo /2/
Waaqni haagalatoomuu ishoo /2/
Kan na hin qaanessiinee ishoo /2/

## 94. Dandetii Isaatiini

Dandettii isaatiin Waaquma isaatiini /2/
Cubbuu nuuf dhiisaa baay'ee nu eegaa/2/ arjummaa isaatiin
Maaltu kennamaafi gatiin isaas maalidha
Waaqa nu uumeefi kan nu jiraachisuuf
Yeroo kan nu kenne qalbi jijjirrachuuf
Akka jala hin badnef du'aa irraa nu oolchuuf
Cubbuu nuuf dhisaa baay'ee nu egaa/2/ arjummaa isaatiin
Namni badisaa irraa hanga deebi'uuf
Ni obsa Waaqayyoon waan hamaa fiduufi
Obsi isaa bal'aadha guddaadha gochisaa
Kennee jalaa hin dhumuu baay'ee dha arjummaansaa

## 95. Yaa Mana Waaqayyoo

Yaa mana Waaqayyoo ulfina qabeetti
Koottu nu eebbisi Maariyaam qulqulleetti
Karaa badii irraa ati nu deebisi
Ilma kee kadhadhu maaloo nu araarsi

Duumeessa Eeliyaas kan itti abdanne
Qoricha Naahoomi kan ittin fayyinee
Mootiin bara baraa kan hin jijjiramne
Kiristoos Waaqayyo sii haadha nuuf kenne

Arjoomni bishaani maqaa keen kennamee
Lubbuu du'ee wajjin yommuu madaalame
Fayyinaaf ta'eera nutis kana beekne
Nu dhagahi Giifti yommuu si waammannee

Nu wajjin dhaabadhu yaa Giiftii Maariyaami
Ilma kee nuuf kadhu jireenyaaf nu waami
Nu humna hin qabnu si godhaanna hirkoo
Ati nu jabeessi haadha gaafa rakkoo

## 96. Lubbuu Siif Abbomamu

Lubbuu siif abbomamu yaa Waaqayyo ati nu kenni
Gurra qalbii keenyas atii nuu bani

Dhugadhaan kadhate kan si dhageessisu
Yakka irraa fagaate kan si gammachiisu
Nuu kenni yaa Gooftaa lubbuu qulqulla'e
Waan gaarii hojjechuuf kan dafee qophaa'e

Gaarummadhaan deemuuf akka jecha keetti
Beenyaa nuu ta'uu kee hubanne sirriitti
Nuti akka jiraannuuf suga kee argannee
Nu gargaarii Gooftaa yeroo si kadhanne

Gaddaaf dhiphina nu biraa baleessi
Deemsa keenya hunda ati nu sirreessi
Jaalala kee guddaa jabeenya godhanne
Gara kee haa dhufnu cubbuu irraa deebine

Akka nurra buluuf jaalalli mana kee
Waaqayyo nuu kenni hubanno jecha kee
Humni kee olaanaan biyyoo irraa nu kaasee
Nu haa qulqulleessu diina keenya cabsee

## 97. Jaalalli Waaqayyo

Jaalalli Waaqayyoo anaaf baay'ateera
Aangoo mucummaa isaa tolaan naa kenneera
Jaalala isaa guddaa fannoodhan mullisee
Innumti nuu du'ee du'a irraa nu baasee

Mucummaa koo dhiisee isaa irraa fagaannan
Addunya jaalladhe hiyyummaa filannaan
Cubbudhaaf bitamuus na hin jibbine Gooftaan
Na deebisee malee nawaame jaalalan

Na fayyisuuf jedhee baay'ee gidiramee
Finciluu koo obsee ofitti na waamee
Bittaa seexana irraa bilisa nu baase
Uffata ulfinaa narrati deebise

Du'a isaan ulfina kan na gonfachiiseef
Dukkana na baasee kan ifa naa kenneef
Arjummaa kanaaf maalan dhiyyeefadhaa
Uumaa samiif lafaa nan galateeffadhaa

## 98. Yaa namaa deebi'i

Yaa namaa deebi'ii gara Waaqa keetti
Maaliif irraa kaate waa'e lubbu keeti
Fedha fooniis dhiisi soobe sii goyyomsa
Isatti dhaabuun kee abidatti bulta
Kanaaf yaa namoota jedhe yaadachisa
Jiraachuun qophaa'a fedha fooniin dhiisa
Yaa nama qophaa'I dhufa Goofta keeti
Mirgasaa dhaabbate akka gammaduuf

Cubbuurraa deebi'i qalbi jijjirradhu

Balleessa kee dhiisi Waaqa kee kadhadhu

### 99. Yaa Waaqayyoo

Yaa Waaqayyoo nuuti sikadhannaa kadhannaa keenya dhaga'i/2/

Yeroo rakkoo keenya maqaa kee waammannaa

Akka nuu qaqqabduus abdiidhaan eggannaa

Daandii seexannarra akka nuu deebistu

Yaa Waaqa sii kadhannaa akka nuu fayyistuu

Jechi fi goorsi kee jireenya nuuf keenna

Hiirkoo nuu haa ta'u nutiis dafne kaana

Goofta nu simadhu harka kee ballisi

Dhufneera gara kee kunoo nu ebbiisi

Goorsa keetiin deemuun hundee jireenyaati

Seerri kee qulqulluun daandii fayyinaati

Toolaaf arjummaa kee gaachana godhanne

Ulfinaan jiraanna garbummaadha bane

Yeroo bara bara si wajjiin jiraachuuf diina harka bane

Diina harka baane mootummaa kee dhaaluuf

Qoophofnee sii eeguuf wangeela raawwanne

Dandeetti nu kenni yaa Waaqa sii kadhanne

### 100. Anaaf Waaqayyookoo

Anaaf Waaqayyoodha abdiin cuubukootii /2/

Isattan himadhaa yeroo rakkoo kootii /2/

Abdiin jireenyaa koo jabeenyi lubbuu koo /2/

Waaqayyoo gooftaadha humna qabeessi koo /2/

Waaqayyoo gooftaan koo anaaf hirkoo koodha /2/

Rakkina koo hundaaf anaaf abdii koodha /2/

Abdiin koo siirratti yaa arjaa gooftaa koo /2/

Ati irraa naqabi yeroo gidiraa koo/2/

Maariyaam haadha Iyyesuus araara qabeettii /2/

Nagaan siif haata'u yeroo hunduumaatti /2/

Fannoon gooftaakootii anaaf fayyiisaadha /2/

Warraa itti hin amanneef garuu goowwummaadha /2/

Anaaf Waaqayyoodha abdiin cuubu kootii /2/

Isattan himadha yeroo rakkoo kootii /2/

### 101. Waaqayyoo Gooftaakoo

Waaqayyoo gooftaa koo siin ayyaaneeffadha
Waan ati naa taateef siin galaateeffadha /2/

Nafayyisuuf jettee waaqa irraa gad-buutee

Uumaa waaqaaf lafaa duurba irraa dhalattee

Anumaaf jeetteti rebamuun keetisi

Siif maal kennu laata gooftaa koo Iyyesusi

Naaf jettee gooftaa koo rakkattee dhiphattee

Akka ani hin duuneef Waaqa irraa gad-buutee

Maalin kenna laata ani Waaqayyoo kootiifi

Inni naa rakkatee nafayyisuudhaafi

Ani homaa hinqabu waanan Waaqaa kennu

Galata duwwaadha wantan isaaf galchu

Galata kee haata'u yaa Waaqayyoo gooftaa

Waan hundumaa caala galata jaallatta

### 102.Yaa Namaa

Yaa namaa/2/ dafiti deebi'i gara Waaqa keeti /2/

Gooftaan otoo hin dhufiin qalbi jijjirradhu /2/

Badisaa dhufurra dafiti baqadhu /2/

Biyyi lafa kuni sobee si gooyyomsa /2/

Yeroof sitti tole abiddi si buusa /2/

Yakka kee dhisiti Waaqayyo kadhadhu /2/

Akka fayyituufi cubburra fagaadhu /2/

Fedha keetiif jette Waaqarraa fagaate /2/

Harkuma keetiin abidda of buuste /2/

## Faaruu Yeroo Soomaa

### 103.Goftaan Qorameera

Goftaan qorameera diina hamaadhaani

Sooma yommuu uumu jireenya keenyaafi /2/

Jaalalaaf nageenya nuuf kenniti soomnii

Dhuma kan hinqabne baruma baraani /2/

Firii sooma kanaa nu hundumtuu beeknee

Dafnee haaqabannuu akka nu hin darbine /2/

### 104. Muuseen Some/zema/

Gaara Siinaa irrattii Muuseen soomee jira

Fakkeenya nu'iif ta'uuf Gooftaan keenyas soomeera

ሙሴኒ ጾመ/2/ በደብረ ሲና /2/

እግዚእነ ጾመ አርአያሁ ከመ የሀበነ /2/

### 105.Kan some

Kan some kan kadhate /2/ /2/

Dhuguma gati isaa ni argataa /4/

ዘጾመ ወጸለየ ወሰአለ/2/

እሙነ ይነሥእ እሴቶ/4/

### 106. Gooftaan keenya nuuf some

Gooftaan keenya nuuf some guyyaa afurtama /2/

Fakkeenya nuuf keennuuf fakkeenya /4/

## Faaruu Waa'ee Mana Kiristaana

### 107.Manni Kiristaanaa Tokkuma

Manni kiristaana tokkuma balballi fayyinaas ishuma

Ishuma iddoon dhiifamaa }2

Haa tajaajillu /2/ eyyee jaalalaan yaa nama /2/

ቤተክርስቲያን አሐቲ አንቀጸ አድኅኖ ይእቲ/2/ ድብረ ምሕረት /2/

ትግሁ ባቲ/2/ ሕዝበ ክርስቲያን ኧኸ እንበለ አጽርያ /2/

### 108. Galannii

Galanni Waaqayyoof haa ta'u inni nuu uumeera akka isa waaqeffannuuf.

Galanni Maariyaamifis Haadha Gooftaaf haa ta'u isheen Giiftii keenya akkasumas abdii keenya.

Galanni fannoo Kiristoosif haa ta'u kan ittiin fayyine humna keenya akkasumas hirkoo keenya

ስብሐት ለእግዚአብሔር ኪያነ ዘፈጠረ ከመነአምልኮ

ስብሐት ለማርያም እመአምላክ እግዚእትነ ወመድኃኒትነ

ስብሐት ለመስቀለ ክርስቶስ ዕጸ መድኃኒትነ ኃይልነ ወጸወንነ